Qur'aana kana eeggadhaa, isa lubbuun Muhammad harka isaa jirtuunan kakadha, inni gaalli hidhaa isii keessaa miliquu caalaatti nama harkaa miliqa

Abuu Muusaa Al-Ash’arii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin nagaa fi rahmata isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: «Qur'aana kana eeggadhaa, isa lubbuun Muhammad harka isaa jirtuunan kakadha, inni gaalli hidhaa isii keessaa miliquu caalaatti nama harkaa miliqa».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Qur'aana eeggachuu fi booda qoma isaa keessatti haffazee akka isa hin daganneef yeroo hunda isa qara'uutti ajajani, sana immoo kakaa isaaniitiin gadi jabeessani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Qur'aanni nama harkaa ba'uu fi qoma keessaa deemuu keessatti gaala haadaan walakkaa hirree isiitti hidhamte caala, ilmi namaa yoo kan isii eeggatu ta'e isii qabata yoo kan gadhiisu ta'e immoo ni deemti ni baddi.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5907